# ''Namni haala waan tokkollee Rabbitti hin qindeessineen Rabbiin wol gahe jannata seene, namni haala Isatti qindeessuun Isaan wol gahe immoo ibidda seene

Jaabir ilma Abdullaahii irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhaniin dhaga'e: ''Namni haala waan tokkollee Rabbitti hin qindeessineen Rabbiin wol gahe jannata seene, namni haala Isatti qindeessuun Isaan wol gahe immoo ibidda seene".
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni waan tokkollee haala Rabbitti hin qindeessineen du'e deebiin isaa gara jannataati badii isaa garii irratti yoo adabames, namni waan tokkollee ta'u haala Rabbitti qindeessuun du'e ibidda keessatti zalaalam teessifama jedhanii himan.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/3418

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee